# Barreeffama Toora Bishkileetii Biikoon Hiiliif Dhiyeessuuf

## 1. Kora Daawwannaa Toora Bishkileetii Biikoon Hiil Kutaawwan 2 fi 3

Haloo, Toora Bishkileetii Biikon Hiil Kutaawwan 2 fi 3 kan dhiyaatu daawwachuu keessaniif galatoomaa. Waan dhiyeessuuf jennu kana bakkichaaf beekamtii kennuun jalqabna.

Warra abbaa qe'ee bakka kanaa turan, Kost Saalish fi gosawwan Duwaamish, dur dur bara yeroon isaa hin beekamneerraa kaasanii adamsaa, qurxummii qabaafi waan halle funaannataa lafa kana kunuunsaa turaniif beekamtii ni kennina. Walabummaa isaanii, mirga ofiin of bulchuu isaanii ni kabjana, akkasumas lafaafi bishaan waliin hariiroo kabaja safuu isaan qabanis ni kabjanaaf.

## 2. Waliigala wanta Dhiyaatuu

Waan har'a dhiyeessinuuf ana dabalatee, dursituun komunikeeshiniifi waliin gahinsaa, Liizaa Hariisan akkasumas nama projekticha qopheessite Serreenaa Lehmaan waliin taanee haala waliigalaa pirojektichaa gabaasinee isiniif dhiyeessuun toorawwan qaxxaamuraa dhiyeessine isinitti agarsiisuun akkamiin akka pirojektichi gara fuula duraatti akka tarkaanfachuu qaburratti mariyannee duub-deebii isinirraa barbaadna.

## 3. Mul'ata, ergamaafi dhudhaawwan wiirtuu keenya

Akka SDOT'tti nuti pirojektiiwwan geejjiba amansiisaa ta'e argachuun akka hawaasni milkaa'uufi walqixa ta'u gumaachan dhiyeessuu barbaadna.

Nuti sirni geejjibaa karaa naga qabeessa ta'eefi humna kaffaluu danda'aniin bakka barbaadan geessisuufi carraa banuuf ta'u barbaadna kana hojjechuuf ammoo dudhaaleen walqixummaa, nageenyaa, mijaawaa, walitti fufinsa qabu, kan itti jiraatamuufi adda ta'een qajeelfamna. Ani amma waanan dhiyeessu Serreenaattin dabarsa.

## 4. Kaayyoo Pirojektii

Galatoomi, Liizaa. Bara 2019 keessa, SDOT hawaasa isaanii keessatti bakka bishkileetaaf ta'u argachuudhaaf hawaasichaaf dursi maal akka ta'u baruudhaaf magaalicha keessatti waliin ga'insa irratti hojjetee ture. Nuti toorawwan/daandiiwwan dabalataa Baha-kaaba Siyaatil kessatti kan namoota hoollaa isaaniifi wiirtuuwwan hojii isaanii waliin walqunnamsiisan, Biikoon Hiil keessatti akka barbaachisu dhageenyeerra. Pirojektiin Toora Biikoon Hiil kan uumameef deebii waan dhageenye kanaatiif. Kaayyoon pirojektii kanaa saba bakkawwan biizinasiiwwaniifi bakkawwan Biikoon Hiil keessatti gahuu barbaadaniin toora bishikleetaa haala nagaafi mijataa ta'een walqunnamsiisuudha.

Pirojektiin bishkileetaa kun neetiwoorkii bishkileetaa toorawwan bishkileetaa haaraa S Columbian Way, S Myrtle St, akkasumas Daandii Baaburaa Siilz Guddicha irratti walitti fidaniidha.

## 5. Waan pirojektichaaf barbaachisan

Fedhiiwwan geejjibaafi hawaasaa itti aanan kanna guutuudhaaf koriidorii baayyee barbaachisaa ta'uu isaa waan adda baafanneef toora bishkileetaa Biikoon Hiil keessatti karoorsaa jirra.

- Pirojektiin kun mullata Magalaatti du'aafi miidhaa guddaa sababa balaa tiraafikaan dhufu zeeroo gochuu galma godhate keessatti ni gumaacha.
- Baha-kibba Siyaatil keessatti walitti hidhamiinsa toora bishkileetaa kaaba/kibbaa foyyaa'aa ta'e dhiyeessa.
- Gara tiraanziitiitti karaan miillaa/lafoofi bishkileetaan walitti fidana ni foyyeessa.

Toorawwan bishkileetaa dhiyoo jiraatanillee, toorawwan jiran kunneen bakka barbaachisaa ummanni gahuu barbaadu waliin wal hin qunnamsiisan.

## 6. Ibsa waliigalaa pirojektichaa

Mee gara waliigala pirojektichaatti yaa tarru. Biikoon Hiil baayyee dheeraafi bakka gara garaatti wanti barbaachisan addadha. Kanaaf, pirojektii kanaaf nuti kan gamagamnee ilaalle kutaawwan sadiitti adda baasuudha. Isaanis tarree Biikoon Ave. S Kutaa 1 kan Riqicha Dr. Joose Rizaal hanga S Ispokaanee St tti diriirufi naannawaa Kaaba Biikoon Hiil walitti fidudha. Kutaa 2 tarree Biikoon Ave. S irraa S Ispokaanee St hannga S Myrtle St. kan geessu. Kun karaa Paarkii Jafarsaniin karaa giddu-gala Biikoon Hiil daandii gidduu wiirtuu wal qunnamsiisa. Dhuma irratti, kutaan 3 Kibba Biikoon Hiil keessatti Myrtle St fi S 39th St gidduutti ta'a. Bakki jiraattota caalaa heddummaatan qaba. Nama kamiifiyyu mijataa akka ta'u gochuudhaaf gidduu wiirtuu akkamitti akka ol-guddisnu madaalla.

## 7. Naannawaa pirojektichaa

Naannawaa pirojektichaa asirratti ilaalaa. Danaaa/maappii kana irratti dhakaawwan golee ummataa kan akka Paasfiik Taawor, Hiiltoop Reed Appil, mana kitaabaa, fi kanneen biroo hanga tokko moggaasneerra. Yeroo ammaa kanatti, kutaawwan sadan pirojektichaa hundaaf sadarkaa karoorsuurra jirra. Kutaawwan lamaan Kutaa 2, kan S Ispokaanee St gara  S Myrtle St, akkasumas Kutaa 3, kan S Myrtle St gara 39th St S geessu kan waan dhiyeessinu kana keessatti mariyannudha.

## 8. Waliigala sarara bishkileetaa

Osoo gara sararawwan walitti fidan hin deemiin dura, pirojektiin bishkileetaa maal akka fakkaachuu danda'urrattin dubbadha. Yeroo karaan bishkileetaa konkolaataawwan waliin daandiirratti dhiyaatu, sarara bishkileetaa eegumsa qabu adda bahe tolchuurratt karoorsina.

Kun namoonni akka irra oofaniif bakka mallattoodhaan addda bahe qaba waan ta’eef namoota bishkileeta oofaniif konkolaataawwan wanti adda baasu ni diriirfama. Daandii baaburaa giddu-gala wiirtuutiif, akka daandii faayidaa hedduu qabaatu gochuuf akka namoota bishkileeta offaniifi miillaan deeman qabachuu danda’uuf daandii sana suphuufi ballisuuf qorachaa jirra.

## 9. Haalawwan jiran

Amma waa’ee haalawwan jiranii ilaaluuf deemna. Fakkii kana keessatti, Biikoon Ave S tiin S Ispokaanee St fi S Alaaskaa St. gidduutti ilaalaa jirra. Sararawwan imalaa lamaafi sarara gidduu ittiin ofirra deebiyan lamatu jiru. Diriirfamni Biikoon Ave S kun ulaa golfii, Paarkii Jafarsaniifi Hospitaala Dhimmoota Gootota Durii gidduun goree deema. Toorri 36 kana keessa darba. Bakki konkolaataa dhaabsifatan kan paarkiifi wiirtuu hawaasaa geessannis cinaa ni jira.

S Ferdinand St irraa ka’anii gara Kibbaatti yeroo deeman, achirraa ammoo gara S 39th St itti fufan, tokkoo tokkoo kalaattiifi giddu-gala wiirtuu keessatti gamaafi gamana daandii, sararaa irra bakki dhaabsifatan ni jira. Toorri 36 naannawaa kana keessa hojjechuu itti fufa.

## 10. Dizaayinii Dhiyaate

Ani amma toorawwan walitti fidan dhiyaatan irratti dubbachuufan ta’a. S Ispokaanee St fi S Alaska St gidduu, sarara ittiin ofirra deebiyan gidduu jiru hambisnee sararawwan bishkileetaa daangaan tolfameef daandii agamaafi gamanaan tolchuuf yaada dhiyeessaa jirra.

## 11. Bakka baasiin dhaabbachuu danda’a jedhaman

Karaa Biikoon Ave. S kana keessa, bakkawwan baasii dhaabbatu adda addaa lamatu jiru. Kan argaa jirtan kun fakkeenyawwan walitti bu’insa baasiifi bishkileetaa gidduu jiraatu hir’isuudhaaf jecha nuti tolchuu dandeenya jennee yaadnudha. Gama bitaan, bakka baasiif adda bahe qabna gama mirgaan ammoo bakka baasiin sararuma keessa dhaabbatu qabna. Bakki kun sarara bishkileetaa iddoo baasiin itti dhaabatanitti akka namoota baasii koraniif gahutti ta’ee itti guddifamedha.

## 12. Dizaayinii dhiyaate

Yeroo gara kibbaatti qajeellu, takkaa daandiin giddu-galli wiirtuu jalqabnaan, caalmaatti daandicha ballisuu ilaaluudhaan namoota bishikileeta oofaniifi miillaan deemaniif mijeessuudhaaf bakka suphamuu qaban ilaalla.

## 13. Daandii Giddu-galeessaa Wiirtuu

Daandii giddu-galeessaa qabatee suurawwan haalawwan jiraniitu argama. Akkuma arguu dandeessan, yeroo ammaa kana namoota bishkileeta offaniifi miillaan adeemaniif gara gaaraa jira. Pirojektii bishkileetaa kanaaf yeroo karoorsaa jirru kanaaf yeroo gamagamaa jirru kanatti daandii giddu-gala wiirtuu irratti waan lamatu jiru: bakka parkii godhataniifi qaxxaamurawwan.

## 14. Paarkingii Giddu-galeessaa Wiirtuu

Giddu-gala wiirtuu keessa bakkawwan paarkii godhatan baayyeefi ulawwan ijoo sadii S Columbian Way, S Graham St, fi Myrtle St jedhamanitu jiru. Sarvayii keenya keessatti, bakkawwan ni fayyadamtu yoo ta'e baruu barbaadna, maaliif fayyadamtu, yeroo hangam hangamii keessatti akka fayyadamtan baruu barbaadna. Dabalataanis, bakkawwan kanneen akkamitti akka warreen bizinasaa itti gargaaraman hubachuudhaaf biizinasoota biras ga'aa jirra.

## 15. Qaxxaamurawwan Daandii Giddu-galeessaa Wirrtuu Keessa Darban

Fakkii kana keessatti, daandii giddu-galeessa wiirtuurra qaxxaamurawwan baayyeetu jiru. Namoota giddu-gala kana keessa bishkileeta oofaniifi miillaan deemaniif nageenya foyyeessuudhaaf, qaxxaamurawwan kanneen keessaa muraasa cufuudhaad madaalaa jirra. Kun danaa/maappii qaxxaamura nuti cufuudhaaf dhiyeessaa jirrudha. Yaada dhiyeessine keessatti, fageenyi ol-aanaan ka'umsawwanirraa maayila 0.2 gadi ta'a. Waliin ga'insa keenya keessatti, carraawwan jiran fayyadamuu keessaniif dhimma maaliif akka fayyadamtan baruu barbaadna. Amma, gara Liizaattin dabarsa.

## 16. Naannoo keessanitti hojiiwan Magaalaa Siyaatil biroo

Sereenaa, galatoom. Waan dhiyeessaa jirru xumuruuf jirra, garuu dura, pirojektiiwwan dhiyeenyatti ta'an lamaan akka hubatan mirkaneeffachuun barbaada.

Inni tokko, ijaarsi isaa bara 2021 jalqabarra kan eegalu 15th Pirojektii Daandii S Foyyeessuudha. Qabiyyeen tokkoo tokkoo pirojektichaa akka ummata koriidorii kanarra jiraniif bu'uu buusutti kan dizaayin ta'edha. Bakkawwan walitti fidan diriirsuutii hanga jijjiiruutti, nuti naannawaan kun namoota miillaan deeman, konkolaataniifi konkolaachisaniif naga qabeessa akka ta'u barbaadna. Marsariitii pirojektii keenyaarraa waan dabalataa baradhaa.

Kan biraan pirojektii S Henderson Stairway, kan yeroo ammaa sadarkaa dizaayinaarra jiruufi ijaarsi isaa bara 2021 keessa jalqabuuti. Darbiin (starway) haaraan kun barattootaafis ta'e jiraattota Kibba Biikoon Hiil biroof gara buufata Sound Transit Rainier Beach akkasumas geessuudhaaf mijataa taasisa. Marsariitii pirojektii keenyaarraa waan dabalataa baradhaa.

## 17. Sadarkaawwan Itti Aanan

Naanawaa pirojektichaa Kutaawwan 2 fi 3 tiif duub-deeii qabdaniifi gargaarsa keessaniif jecha sarvayii karaa oonlaayinaa ni qabna. Geessituu sarvayii (qorannoo)f marsariitii pirojektichaa daawwadhaa maaloo. Sarvayiin (qorannoon) kun hanga Roobii, Sadaasa 18tti banaa ta'a. Kamisa, Sadaasa 12 irratti ammoo kora karaa oonlaayinaa gaggeessina. Waa'ee pirojektichaa odeeffannoo qoqqooduufi sagantaa Gaaffiifi Deebii kallattiis ni qabaanna.

Yeroo turtii pirojektii kana keessa isin qunnamaa turuuf ni hojjenna.

Marsariitii pirojektichaa ilaaluudhaan ykn ammoo odeeffannoo haaraan akka sin qaqqabuuf iimeeliin seenuudhaan waa’ee hojiiwwan waliin ga’insaa dhufaa jiran odeeffannoo argachuu ni dandeessu.

## 18. Waan dhiyeessine kana daawwachuu keessaniif galatoomaa

Yaadadhaa, Kamisa, Sadaasa 12 saatii 7 hanga 7:30 pm ta’utti korri gaggeeffamuuf jira. Sarvayiin (qoranoon) karaa oonlaayinaa amma waan jiruuf geessituun kanaaf marsariitii pirojektichaarra jira.

Sarvayiin (qorannoon) kun hanga gaafa Roobii, Sadaasa 18tti banaadha. Waan dhiyeessine kana daawwachuu keessaniif galatoomaa.